# Adunyaa kana irratti akka keessummaa ykn nama karaa dabruu ta’i

Abdullaah bin Umar irraa odeeffamee Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ceekuu koo na qabanii akkana jedhan: «Adunyaa kana irratti akka keessummaa ykn nama karaa dabruu ta’i», Ibnu Umar akkana jedha ture: Yeroo galgaleeffatte ganama hin eegin, yoo ganameeffatte immoo galgala hin eegin, osoo hin dhukkubsatin fayyaa keetti fayyadami, osoo duuti sitti hin dhufin jiruu keetti fayyadami.
[sirrii] [Bukhaariitu gabaase]

Ibnu Umar, Rabbiin isaan irraa haa jaallatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- ceekuu isaa akka qabatanii, akkana isaan jedhan hime: Addunyaa kana keessatti akka keessummaa biyya manni itti jiraatu isa keessatti isaaf hin jirre dhufee namni isa keessummeessu hin jirre, kan ofii isaatif maatii, ijoollee fi wantoota biroo kan Rabbi irraa isa fageessan hunda irraa bilisa ta'ee ta'i, inumaatuu akka nama keessummaa irra hamaa ta'i, innis nama karaa darbu kan biyya isaa barbaaduudhd; sababni isaas keessummaan biyya ormaa keessa taa'un akka nama biyyaa ta'uu mala waan ta'eef jecha, sun faallaa nama biyya isaa barbaada karaa darbuuti, isa haalli isaa ofirraa ba'aa salphisee, dhaabbachuun maletti biyya isaa gayuuf bololuudha. Akkuma namni imala deemu waan bakka imala isaatin isa gayu caalaa waan biroo hin barbaanne namni Mu'uminaas addunyaa keessatti waan bakka imala isaa isa geessu caalaa waan guddaa hin barbaadu. Ibnu Umar gorsa kana hordofuun akkana jedha ture: Yoo siif bari'e galgala hin eegin, yoo dhihe immoo ganama hin eegin, namoota qabrii keessa jiranitti of lakkaa’i, jireenyi ilma namaa fayyaa fi dhibee irraa bilisa waan hin taaneef jecha. Yeroo fayyaa qabdu osoo hin dhibamin Rabbiif ajajamutti ariifadhu, dalagaa gaarii dalaguun osoo dhibeen sitti hin dhufin saammadhu, jiruu dunyaa keetis osoo du'aan addunyaa kana irraa hin deemin waan si fayyadurratti dabarsi,

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/4704